yeroo masjiida seenanitti akkas jedhu ture: «A'uuzu billaahil Aziim, wo bi wojhilkariim, wo sulxaanihil qadiim, minasheyxaanirrajiim

Abdullaah ibnu Amrii ibnu Aas irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu-: Nabiyyii irraa odeesse -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo masjiida seenanitti akkas jedhu ture: «A'uuzu billaahil Aziim, wo bi wojhilkariim, wo sulxaanihil qadiim, minasheyxaanirrajiim» kana qofaa jedhe? eeyyeen kana qofa, ni jedhe: yeroo sana jedhetti sheyxaanni guyyaa isaa guutuu ana irraa tikfate jedha.

[hasani] [abuu daawud odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo masjiida seenanitti akkas jedhu ture: (A'uuzu billaahil Aziim) Rabbii guddaa fi sifaata isaatiinan tikfamas eegamas. (wo bi wojhilkariim) fuula isaa kennaa fi arjaa ta'een. (wo sulxaanihi) Aangoo, moo'ichaa fi dandeetii inni uumama isaa irratti qabuun. (Al-qadiim) durattis kan ture fuuldurattis zalaalam kan jiraatu. (minasheyxaanirrajiim) sheyxaana rahmata Rabbii irraa fageeffamaa fi ari'atamaa ta'e irraa. akkas jechuun: yaa Rabbi woswasaa isaa, jallisa isaa, faana isaa, hasaassaa isaa, fakkeessaa isaa irraa na tiksi, isaatu jallinaaf sababaa ta'ee wollaalummaa irratti nama kakaasa. Abdullaah ibnu Amriin "kanuma qofaa?" jedhameen, akkas jechuun nabiyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kana qofa jedhanii? jechuudha. innis eeyyeen kana qofa jedhani jedhe. namni masjiida ol seenu du'aa'ii kana yoo jedhe: sheyxaanni immoo akkas jedha: namni ol seene kun yeroo isaa hunda guyyaa fi halkan isaa ana irraa tikfatee jira.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/8294